

Saayinsii

Naannoo

Kitaaba Barattootaa



Kutaa 3

Qopheessitoota:

Daani'eel Indaayilaalluu

Gabii Tusii

Gosaa Girmaa

Hayiluu Birruu

Tufaa Lammii

Gulaaltota:

Gaaddisaa Badhaadhaa

Nigusee Lammaa

Tijaanii Huseen

Zawduu Tulluu

Madaaltota

Abarraa Kabbaboo

Jamaal Musxafaa

Katamaa Tsaggaa

Tasammaa Girmaa

Giraafiksii:

Taaddasaa Dinquu



© Biiroo Barnootaa Oromiyaa, 2014/2022

Kitaabni kun walta'iinsa Biiroo Barnootaa Oromiyaafi Kolleejjii Barnoota Barsiisotaa Asallaatiin bara 2013/2021 qophaa'e. Mirgi abbeentaa kitaaba kanaa seeraan eeggamaadha. Hayyama Biiroo Barnootaa Oromiyaatiin ala guutummaan is ta'ee gamisaan maxxansuufi baay'isanii raabsuun seeraan nama gaafachiisa

Baafata

Qabiyyee

Fuula

BOQONNAA 1

SAAYINSII IFA TAASISUU

1.1 Nyaataafi Fayyummaa	1
1.2 Faayidaa Nyaataa	4
1.3 Qulqullina Dhuunfaa Eeguu	11
1.4. Wantootaa	17
1.5 Faayidaa Ifaa	24

BOQONNAA 2

ARGAMA GODINA KEENYAA

2.1. Argama Godina Keenyaa	32
2.2. Argama Bir-qabaa	35
2.3. Argama Dhugaa	35
2.4. Argama Bir-qabaa Godina Keenya	38
2.5. Argama Dhugaa Godina Keenyaa	39
2.6 Argama Bakkeewwan beekamoo Godin keenyaa	40
2.7 Argamaafi Maqaa Godinaalee Ollaa	42

BOQONNAA 3

Naannoo Uumamaa

3.1 Qilleensa Baramaa Godina Keenyaa	46
3.2 Qabeenya Uumamaa	50
3.3 Barbaachisummaa Qabeenya Uumamaa	55
3.4. Balfa Dhabamsiisuu	59
3.5 Dhiibbaa Balfa Karaa Sirrii Hintaneen Dhabamsiisuu	62

BOQONNAA 4

NAANNOO HAWAASUMMAA

4.1 Hedduumina Aadaa	67
4.2 Sochiilee Diinagdee Godina Keenyaa	72

BOQONNAA 5

DHIMMOOTA HUNDAGALEESSA IJOO

5.1 Of-eeggannoo Daandii Irraa	78
5.2. HIV/AIDS	80

BOQONNAA 1

SAAYINSII IFA TAASISUU

1.1 Nyaataafi Fayyummaa

Gaaffii hubannoo

Nyaanni maali?

Wantoota jireenya dhala namaatiif barbaachisan keessaa nyaanni isa bu'uuraati. Fayyaa keenyaaf nyaata gahaafi gosa adda addaa nu barbaachisa.

Fayyummaa keenyaaf nyaata akka kuduraaleefi fuduraalee nyaachuun baay'ee filatamaadha.



Raafuu maraa



Timaatima



Qullubbii diimaa



Appilii



Qullubbii adii



Muuzii



Maangoo



Burtukaana



Avokaadoo

Fakkii 1.1 Kuduraafi Fuduraa

Gocha 1.1

1. Fakkiilee gosoota nyaataa armaan olii ilaaluun Kuduraafi Fuduraa jechuun adda baasii dareef ibsi.

Nyaata coomniifi ashaboon itti hinbaay'anne nyaachuun fayyummaa keenyaaf gaariidha. Akkasumas, midhaan callaafi dheedhiin fayyaa keenyaaf barbaachisaadha.



Qamadii



Garbuu



Boqqoolloo



Atara



Boloqqee



Baaqelaa

Fakkii 1.2 Nyaataa miidhaan callaafi dheedhii

Nyaata mi'aawaa sukkaarri itti baay'ate nyaachuu dhiisuun fayyummaa keenyaaf gaariidha. Kaanaafuu, nyaata mi'aawaa xiqqeenyaan nyaachuun barbaachisaadha.



Dhadhaa



Foon coomaa



Keekii



chokoleetii



kireemii

Fakkii 1.3 Nyaataa sukkaarri coomni itti baay'ate

Nyaata hamma qaamni keenya barbaaduu ol nyaachuun fayyaa keenyarratti rakkoolee adda addaa fiduu danda'a. Isaanis:

- ulfaatinni qaamaa gar-malee akka dabalu taasisa.
- rakkoo onneefi ujummoolee dhiigaa fiduu danda'a.
- dhukkuba sukkaaraafi kanneen kana fakkaataniif nusaaxiluu danda'a.

Cuunfaawwan fuduraalee adda addaa irraa qophaa'an, bishaaniifi aannanii dhuguun fayyaa keenyaaf gaariidha.

Gocha 1.2

1. Fakkeenya nyaataafi dhugaatii fayya keenyaaf gaarii ta'an barreessi.
2. Nyaanni mi'aawaan xiqqeenyaan nyaatamuu qaban maal fa'a?
3. Fakkeenya nyaata sukkaarri itti heddummate barreessuun ibsi.

1.2 Faayidaa Nyaataa

Gaaffii hubannoo

Faayidaan nyaata irraa argannu maal fa'a?

Nyaanni qaama keenyaaf faayidaa adda addaa kenna. Isaanis:

- anniisaaf
- ijaarasaafi haaromsa qaamaaf
- qaama irraa **dhukkuboota adda addaa ittisuuf** fayyada.

Gartuulee Nyaataa

Gaaffii hubannoo

Gartuuleen nyaataa bu'uuraa maal fa'a?

Gartuuleen nyaataa bu'uuraa ta'an bakka afuritti goodamu. Isaanis: gartuu nyaataa midhaan callaa, gartuu foonii, gartuu aannaniifi gartuu fuduraaleefi kuduraaleeti.



Gartuu midhaan callaa



Gartuu foonii



Gartuu Aannanii



Gartuu Fuduraaleefi kuduraalee

Fakkii 1.4 Gartuulee nyaataa

Gartuuleen nyaataa kunniin maddootaafi Faayidaawwan isaanii gabatee 1.1 keessatti ibsamanii jiru.

Gabatee 1.1: Gartuulee nyaataa afran, maddootaafi faayidaa isaanii.

T.L	Gartuulee nyaataa	Maddoota irraa argaman	Faayidaa qaama keenyaaf kennan
1	Midhaan calla	Qamadii, garbuu, ruuzii, boqqoolloo, mishingaa, ayisaafi kanneen kana fakkaatan fa'a.	Anniisaa kennu.
2	Foon	Foon loonii, foon re'ee, foon hoolaa, foon lukkuu, qurxummii fi kanneen kana fakkaatan.	Guddina qaamaaf barbaachisu.
3	Aannan	Aannaniifi bu'aawwan aannanii kan akka itittuu, dhadhaafi baaduu.	Guddina qaamaaf barbaachisu.
4	Fuduraaleefi kuduraalee	Fuduraalee akka burtukaanaa, muuzii, loonii, maangoo, appilii, avokaadoofi kanneen kana fakkaatan. Kuduraalee akka raafuu, kaarota, qullubbiifi kanneen kana fakkaatan.	Dhukkuboota ittisu.

Gocha 1.3

Nyaata armaan gadii fakkeenya gartuulee nyaataa kam akka ta'an adda baasi. Daabboo, paastaa, itittuu, foon lukkuu, timaatimaafi avokaadoo.

Faalama Nyaataa

Gaaffilee hubannoo

Faalamni nyaataa maali?

Sababoonni faalama nyaataa maal fa'a?

Nyaata keessatti wantoonni hinbarbaachisne yoo argaman, **faalama nyaataa** jedhama. Nyaanni faalame dhukkuboota nutti fida.

Sababoonni faalamaa nyaataa ta'an gurguddaan garee saditti qoodamu. Isaanis: **lubbu-qabeeyyii, keemikaalotaafi wantoota fiizikaalaati.**

Lubbu-qabeeyyii

Lubbu-qabeeyyiin akka raammolee, baakteeriyaa, fangasootaafi kanneen kana fakkaatan nyaata faaluu danda'u.

Keemikaalota

Keemikaalonni nyaata faaluu danda'an farra aramaa, farra ilbiisotaafi summii hantuutaa fa'a ta'uu danda'au.

Wantoota fiizikaalaa

Wantoonni fiizikaalaa kanneen akka pilaastikaa, fuulleewwan

caccabaa, sibiilota caccabaa, mukkeen xixiqqaa, biyyeefi kanneen kana fakkaatan sababoota faalama nyaataa ta'uu danda'u.



Pilaastikaafi fuulleewwan caccabaan

Keemikaalota farra aramaafi ilbiisotaa ta'an

Fakkii 1.5 Wantoota nyaata faaluu danda'an

Malleen Faalama Nyaataa Ittisuuf Oolan

Gaaffii hubannoo

Malleen faalama nyaataa ittisuuf oolan kan beektu himi.

Faalama nyaataa ittisuuf, qulqullina nyaataa eeguun barbaachisaadha. Faalama nyaataa ittisuuf malleen qulqullinaa salphaa ta'an armaan gadii fayyadamuudha.

Isaanis:

1. Bishaan qulqulluu fayyadamuu.
2. Harka sirriitti dhiqachuu.
3. Iddoofi meeshaalee nyaanni itti qophaa'an sirriitti

qulqulleessuu.

4. Fuduraaleefi kuduraalee sirriitti dhiquu.

5. Nyaata sirriitti bilcheessuu.

6. Nyaata bilchaate yeroo dheeraaf tursiisuu dhiisuu.

7. Nyaata bilchaate ofeeggannoon olkaa'uu.

8. Nyaata bilchaatanii olkaa'aman sirriitti irra deebi'anii ho'isuu.

9. Ilbiisota, hantuutaafi bineeldota biroo nyaata irraa ittisuufi kanneen kana fakkaatan fa'a.

Qulqullina nyaataa eeguu dhabuun dhukkuboota nyaata faalameen daddarbaniif nama saaxila. Dhukkuboota nyaata faalameen daddarban ittisuuf nyaata qulqullinaan qabuu, sirriitti qopheessuufi olkaa'uun **qulqullina nyaataa eeguu** jedhama.

Gocha 1.4

- a) Nyaata qopheessuuf bishaan akkamii fayyadamuu qabna?
- b) Harka keenya yoom dhiqanna?
- c) Faayidaan harka dhiqachuu maali?
- d) Ilbiisota nyaata faaluu danda'an tarreessi.

1.3 Qulqullina Dhuunfaa Eeguu

Gaaffilee hubannoo

Qulqullinni dhuunfaa maali?

Qulqullina dhuunfaa keenya maaliif eegna?

Qulqullina dhuunfaa eeguun gocha yeroo hundaa raawwatamuu qabuudha. Kunis nafa keenya dhiqachuu, ilkaan keenya rigachuu, qeensa keenya yeroo yeroon qorachuufi qulqulleessuu, rifeensa mataa keenyaa dhiqachuu fa'a ofkeessatti hammata.



Fakkii 1.6 Nafa dhiqachuu

Jireenya guyyaa guyyaa keenya keessatti harka keenyaan wantoota adda addaa qaqqabaa oolla. Kun immoo wantoota dhukkuboota nutti fiduu danda'aniif nusaaxiluu danda'a. Kanaafuu, qulqullina harka keenyaa sirriitti eeguun barbaachisaadha.

Mana fincaaniitti erga fayyadamnee booda yeroo hundaa harka ofii bishaaniifi saamunaan sirriitti dhiqachuun barbaachisaadha.



Fakkii 1.7 Harka bishaaniifi saamunaan dhiqachuu

Rifeensa mataa keenyaa filachuufi torbanitti yoo xiqqaate si'a lama dhiqachuun barbaachisaadha.



Fakkii 1.8 Qulqullina rifeensaa eeguu

Qulqullinni rifeensa keenyaa yoo hineeggamne, ilbiisota akka injiraanii fa'aaf iddoo walhormaataa mijaa'aa ta'uu danda'a.

Qulqullina ilkaan keenyaa eeguun nurraa eegama. Nyaanni ilkaan irratti hafu tortoruu ilaakniif sababa ta'a. Kanaafuu, ilkaan keenya guyyaa guyyaan rigachuun qulqullina afaaniifi ilkaanii eeguuf fayyada.



Fakkii 1.9 Qulqullina Ilkaanii eegu

Qulqullina uffata keenyaas sirriitti eeguun nurraa eegama. Uffata keenya yeroo yeroon saamunaafi bishaaniin sirriitti miiccuun barbaachisaadha. Qulqullinni uffataa yoo hineegamne, walhormaata ilbiisota akka tafkii, injiraaniifi kanneen kana fakkaataniif haala mijaa'aa uuma.



Fakkii 1.10 Qulqullina uffataa eeguu

Qulqullina Keenya Eeguu Dhabuun Namoota Biroo Irratti Dhiibbaa Uumu

Gaaffii hubannoo

Qulqullina keenya eeguu dhabuun dhiibbaan namoota biroo irratti uumamuu danda'u maal fa`a?

Qulqullina ofii sirriitti eeguun dhukkuboota adda addaa ofirraa ittisuuf gargaara. Qulqullina dhuunfaa eeguun hawaasummaa keessattis faayidaa ol'aanaa qaba. Qulqullina dhuunfaa eeguu dhabuurraa kan ka'e fooliin badaan uumamuu danda'a. Kun immoo namoota biroo irratti dhiibbaa fida. Akkasumas, qulqullina ofii eeguu dhabuun dhukkuboota daddarboo adda addaatiif nama saaxila.

Dhukkuboota Sababa Hanqina Qulqullinaatiin Dhufan

Gaaffii hubannoo

Dhukkuboonni sababa hanqina qulqullinaatiin dhufan maal fa'a?

Dhukkuboonni armaan gadii sababa hanqina qulqullinaatiin dhufuu danda'u. Isaanis:

- garaa kaasaa
- utaalloo
- koronaa
- tortoruu ilkaanii
- oo'ichoo
- baarilee, foroforiifi kanneen kana fakkaatan fa'a.

Namoota Fayyaa Qabeessa Ta'aniifi Dhukkubsataa Ta'an Walbira Qabuu

Gaaffii hubannoo

Namoota fayya qabeessa ta'aniifi dhukkubsatan gidduu garaagarummaan jiru maal fa'a? Walbira qabuun ibsi.

Fayyaan qaamaan, sammuu fi hawaasummaan guutuu ta'anii argamuudha. Qaamoleen namoota fayyaa qabanii sirriitti hojjetu. Namoonni fayyaa qaban hawaasummaa keessattis hirmaachuu danda'u. Gama biroottiin, namoonni dhukkubsatan

qaamoleen isaanii sirriitti dalaguu hindanda'an. Hawaasummaa keessattis sirriitti hirmaachuu hindanda'an.

Namoota fayyaa qabeessa ta'aniifi dhukkubsatan gidduu garaagraummaa hedduutu mul'ata. Gabateen 2.2 armaan gadii akka fakkeenyaatti namoota fayyaa qabeessa ta'aniifi dhukkubsatan gidduu garaagarummaa jiru agarsiisa.

Gabatee 1.2: Garaagarummaa namoota fayyaa qabeessa ta'aniifi dhukkubsatan gidduu jiru

Namoota fayyaa qabeessa ta'an	Namoota dhukkubsatan
• Qaamaan, sammuufi hawaasummaan guutuu ta'anii argamu.	• Rakkoo qaamaa, sammuufi hawaasummaa qabaachuu danda'u.
• Qaamoleen dalagaa isaanii sirriitti raawwachuu danda'u.	• Qaamoleen isaanii sirriitti hinhojjetan.
• Hawaasa keessatti miira gammachuutiin jiraatu.	• Miirri gammachuu itti hindhagahamu.
• Hojii hojjechuu barbaadan haala gaarii ta'een hojjechuu danda'u.	• Hojii hojjechuu barbaadan haala gaarii ta'een hojjechuu yookiin tasumaa hojjechuu hin danda'an.
• Fedhiifi humna hojii hojjechuu qabu.	• Fedhiifi humna hojii hojjechuu dhabuu.

Xiyyeeffannoofi Kunuunsa Namoota Dhukkubsataniif Godhamu

Gaaffii hubannoo

Namoota dhukkubsataniif kunuunsi godhamuufii qabu maal fa'a?

Namoota dhukkubsataniif xiyyeeffannoofi kunuunsa gochuun barbaachisaadha. Namoota dhukkubsataniif kunuunsi armaan gadii godhamuufii qaba.

- Jaalala agarsiisuu.
- Iddoo qulqulluu qilleensaafi ifa gahaa ta'e qabu akka argatan gochuu.
- Nyaata madaalamaa kennuufii.
- Qulqullina qaama isaanii sirriitti eeguu.
- Haala teessuma isaanii mijaa'aa taasisuu.
- Qoricha ogeessa fayyaatiin ajajame seeraan akka fayyadaman gochuu.
- Yeroo yeroon kallattii ciisicha isaanii jijjiiruu.
- Gara mana yaalaa geessuun wal'aansaafi gorsa barbaachisaa ta'e akka argatan taasisuu fa'a.

Gocha 1.5

1. Qulqullina dhuunfaa eeguun maal fa'a ofkeessatti hammata?
2. Qulqullinni rifeensa keenyaa yoo hineeggamne rakkoon uumamuu danda'u maali?
3. Dhukkuboonni sababa hangina qulqullina dhuunfaatiin dhufuu danda'an maal fa'a?
4. Garaagarummaa namoota fayyaa qabaniifi dhukkubsataa ta'an gidduu jiru ibsi.
5. Namoota dhukkubsataniif kunuunsa godhamuufii qaban tarreessi.

1.4. Wantoota

Gaaffii hubannoo

1. Wantoonni naannoo mana jireenyaa keessanitti argaman maal fa'a?
2. Wantoota daree barnootaa keessan keessatti argaman muraasa tarreessaa.

Wantoonni naannoo keenyatti argamuu danda'an bishaan, biqiltoota, biyyee, dhagaa, qilleensaafi kanneen kana fakkaataniidha.

Wantoonni daree barnootaa keessatti argamuu danda'an keessaa muraasni qalama, dabtara, teessoo, gabatee gurraachafi kanneen kana fakkaataniidha.

Gaaffii hubannoo

Wantoonni naannoo keessanitti argaman faalkaalee meeqaan argamu?

Wantoonni faalkaalee sadiin argamu. Isaanis: Tajjaboo, dhangala'oofi gaasiidha.

Gocha 1.6

Wantoota kanneen akka bishaan, qilleensa, biyyee, zayita, dhagaa, hurka bishaanii faalkaalee isaanii jalatti adda baasii waraqaa irratti barreessi.


Tajjaboo	Dhangala'oo	Gaasii

Hiika Tajjaboo, Dhangala'oofi Gaasii

Gaaffii hubannoo

Tajjaboon maali?

Tajjaboon faalkaa wantootaa qabee murtaawaafi boca mataa isaanii qabaniidha. Fakkeenyaaf, dhagaa, muka, ashaboo nyaataa, teessoo, kitaaba, qubeessaa, gabatee gurraachaafi kanneen kana fakkaataniidha.



Qubeessaa



Kitaaba



Muka



Dhagaa

Fakkii 1.11 Wantootaa jajjaboo

Gaaffii hubannoo

Dhangala'oon maali?

Dhangala'oon faalkaa wantootaa qabee murtaa'aa qabaniifi boca mataa isaanii kan hinqabneedha. Dhangala'oon akkuma jajjaboo hanga niqabu, iddoos niqabatu. Haata'u malee, boca mataa isaanii waan hinqabneef boca meeshaa keessa jirani qabaatu. Fakkeenyaaf, bishaan, aannan, zayita, juusiifi kanneen kana fakkaatan iddoo qabatanis boca mataa isaanii hinqaban.



Juusii



Bishaan



Aannan

Fakkii 1.12 Wantootaa dhangala'oo

Gaaffii hubannoo

Gaasiin maali?

Gaasiin faalkaa wantootaa qabees ta'ee boca mataa isaanii kan hingabneedha.

Fakkeenya: Hurka bishaanii, oksijiinii, naaytiroojiiniifi kanneen kana fakkaataniidha.



Hurka bishaanii



Afuuffee
qilleensaan guutame



Oksijiinii siliindarii
keessaa

Gocha 1.7

Wantootaa armaan gadii faalkaalee isaanitiin gargar goodi



Aannan



Konkolaataa



Dhagaa



Bishaan



Aara warshaa



Buna



Hurka bishaanii



Aara konkolaataa



Teessoo



Bubbee



Laaptooppii



Burruusa

Fakkii 1.13 Gaasota

Amaloota jajjaboo, dhangala'oofi gaasii

Wanti tokko wanta biroo irraa kan ittiin adda bahu amala mataa isaa qabaata. Jajjaboowwan, dhangala'oowwaniifi gaasonni amaloota ittiin beekaman qabu. Isaanis: Halluu, foolii, bocaafi kanneen kana fakkaataniidha. Fakkeenyaaf,

- Jajjaboowwan boca murtaawaa yoo qabaatan, dhangala'oowwaniifi gaasonni boca mataa isaanii hin qaban.

Amaloonni kunniin wantoota amala isaanitiin adda baasuuf fayyadu.

Gocha 1.8

Amaloota jajjaboo adda baasuuf boroongiifi dhagaa gurraacha fudhachuun gochaalee armaan gadii hojjadhu:

1. Amaloota fiizikaalaa kanneen akka halluu isaanii irratti hundaa'uun adda baasi.
2. Lamaan keessaa jabina guddaa kan qabu kami?
Amaloota gaasotaa qorachuuf gocha armaan gadii raawwadhu.
3. Burcuqqoo duwwaa gadi garagalchuun bishaanitti gadi dhiibi. Maaltu ta'a?
4. Bishaan maaliif burcuqqoo keessatti guutuu dida jettee yaadda?

Garaagarummaa jajjaboo, dhangala'oo fi gaasii

Gaaffii hubannoo

Garaagarummaa jajjaboo, dhangala'oofi gaasii gidduu jiru irratti gareedhaan mari'achuun dareef ibsaa.

Garaagarummaan jajjaboo, dhangala'oo fi gaasii walitti siquu fi walirraa siquu ruqooleetiin ibsama. Jajjaboowwan, dhangala'oowwaniifi gaasonni amaloota ittiin adda ta'an qabu. Isaanis: boca, summuggamummaa, rukkina, qabeefi kanneen kana fakkaataniidha.

Gabatee 1.3 Garaagarummaa jajjaboo, dhangala'oofi gaasotaa

Jajjaboo	Dhangala'oo	Gaasii
Boca murtaa'aa qabu	Boca murtaa'aa hin qaban	Boca murtaa'aa hin qaban
Hin summuggaman	Hin summuggaman	Ni summuggamu
Rukkina guddaa qabu	Rukkina jajjaboo gadi qabu	Rukkina xiqqaa qabu
Salphaatti hin tamsa'an	Salphaatti tamsa'u	Salphaatti tamsa'u

Jijjiirama faalkaalee jajjaboo, dhangala'oofi gaasii

Gaaffii hubannoo

Jijjiiramni faalkaalee maali?

Wanti tokko haala adda addaa keessatti faalkaalee garaa garaatiin argamuu danda'a. Haala garaa garaatiin argamuun wantootaa kun jijjiirama faalkaalee jedhama. Jijjiiramni faalkaalee kunis fakkeenya jijjiirama fiizikaalaati.

Fakkeenyaaf, bishaan cabbiin gara dhangala'ootti; dhangala'oon gara hurkaatti jijjiiramu.



Jajjaboo cabbii

Bishaan Dhangala'oo

Hurka bishaanii

Fakkii 1.14 Jijjiirama fiizikaalaa (Jajjaboo, dhangala'oofi gaasii) agarsiisu

Gocha 1.9

Bishaan makrajitti naquun ibidda irra kaa'uun daawwadhu. Bishaanichi garamitti jijjiirama? Jijjiiramni kun maal agarsiisa?



Bishaan makrajii keessaa



Bishaan danfaa jiru

1.5 Faayidaa Ifaa

Gaaffii hubannoo


Faayidaan ifaa maali?

Saayinsii naannoo kutaa lammaffaa keessatti ifaafi maddoota isaanii barattee jirta. Ifti faayidaalee heddu qaba.

Isaan keessaa muraasni:

1. Wantoota arguuf

Xiyyi madda ifaa irraa dhufu wantoota irra qubachuun balaqeessa'ee ija keenya seenuun akka wantoota arginu taasisa.



Fakkii 1.15 Wantoota arguu

2. Biqiloonni magariisaa nyaata qopheeffachuufi guddachuuf


Biqiltoonni ifa aduu ofitti fudhachuun nyaata qopheessu. Akkasumas, guddina biqilootaatiif ifti barbaachisaadha.



Fakkii 1.16 Biqila ifa aduu fayyadamu

3. Madda anniisaatiif

Xiyyi ifa aduu irraa dhufu battee sibiila soolaarii irraa elektiroononni akka burqu taasisa. Elektiroononni kun socho'uun anniisaan elektirikii akka argamu taasisu.



Fakkii 1.17 Annisaa elektirikii aduu irraa argamu

4. Saatalaayitoonni hawaa keessa akka socho'aniif anniisaa kennuuf.

Walumaagalatti ifti lubbu-qabeeyyii hundaaf barbaachisaadha.

Cuunfaa Boqonichaa

- Nyaatni wantoota bu`uura jireenyaa ta`an keessaa isa tokkoodha
- Nyaatni anniisaaf, ijaarsa qaamaaf, dhibee ittisuufi kan kana fakkaataniif nu gargaara
- Gartuuleen nyaataa gurguddoon midhaan callaa, foon, aannan, kuduraafi fuduraadha.
- Nyaatni karaa lubbu qabeeyyii, keemikaalotaafi wantoota fiizikaalaatiin faalamuu danda`a.
- Wantootni faalkaalee isaanii irratti hundaa`uun jajjaboo, dhangala`oofi gaasii jedhamuun qoodamu

Gilgaala Boqonnaa 1

I. Kan sirrii ta'e Dhugaa kan sirrii hintaane Soba jechuun deebisi.

1. Nyaanni wantoota bu'uuraa jireenya namaatiif barbaachisan keessaa isa tokkodha.
2. Nyaata mi'aawaa baay'inaan nyaachuun fayyaa keenyaaf gaariidha.
3. Nyaataafi dhugaatii ashaboon itti heddummaate fayyadamuun fayyaa keenya irratti rakkoo fiduu danda'a.
4. Ulfaatinni qaama keenyaa gar-malee dabaluun fayyummaa agarsiisa.
5. Buskutiifi karameellaa baay'inaan nyaachuun fayyaa namaa miidhuu danda'a.
6. Gartuuleen nyaataa bu'uuraa ta'an bakka lamatti qoodamu.
7. Qamadii, garbuu, ruuziifi boqoolloon fakkeenya midhaan callaati.
8. Foon loonii, re'ee, hoolaa, lukkuufi qurxummii guddina qaamaaf barbaachisu.
9. Biqiltoonni akka raafuu, kaarotaafi qullubbii fakkeenya fuduraaleeti.
10. Nyaata sirriitti bilcheessuun faalama nyaataa ittisuuf fayyada.
11. Wantoonni faalkaalee sadiin argamu.
12. Wantoonni faalkaa jajjabootiin argaman qabee murtaawaafi boca mataa isaanii qabu.

13. Ifti bineensotaaf barbaachisaa miti.
14. Biqiloonni guddachuuf malee nyaata qopheeffachuuf ifti isaan hin barbaachisu.

II. Kanneen “B” jalatti argaman kan “A” jalatti argaman waliin walitti firoomsi.

“A”

“B”

- | | |
|----------------------------------|-----------------------|
| 1. Guddina qaamaaf oola. | A. Fuduraalee |
| 2. Dhukkuba qaama irraa ittisu. | B. Fooniifi aannan |
| 3. Lubbu-qabeeyyii nyaata faalan | C. Farra ilbiisotaa |
| 4. Nyaata sirriitti olkaa’uu. | D. Baakteeriyaa |
| 5. Keemikaalota nyaata faalan | E. Qulqullina nyaataa |

III. Gaafilee armaan gadiitiif qubee deebii sirrii ta’e filachuun deebisi.

1. Kan armaan gadii keessaa faayidaa nyaataa kan ibsu kami?
 - A. Anniisaa kennuuf.
 - B. Dhukkuboota ittisuuf.
 - C. Ijaarsaafi haroomsaaf.
 - D. Hunduu deebiidha.
2. Gartuulee nyaataa armaan gadii keessaa ho’aafi anniisaa kennuuf kan oolu kami?
 - A. Midhaan callaa
 - B. Fuduraaleefi kuduraalee
 - C. Foon
 - D. Aannaniifi bu’aawwan aannanii

3. Biqiltoota armaan gadii keessaa fuduraa kan hintaane kami?
 - A. Burtukaana
 - B. Muuzii
 - C. Timaatima
 - D. Maangoo
4. Sababoota faalama nyaataa kan ta'e kami?
 - A. Wantoota fiizikaalaa
 - B. Ilbiisota
 - C. Keemikaalota
 - D. Hunduu deebiidha.
5. Mala faalama nyaataa ittisuuf oolan keessatti kan hinhammatamne kami?
 - A. Nyaata yeroo dheeraaf tursiisuu.
 - B. Kuduraalee sirriitti dhiquu.
 - C. Harka sirriitti dhigachuu.
 - D. Nyaata sirriiti bilcheessuu.
6. Wantoota armaan gadii keessaa faalkaa isaanitiin kan adda ta'e kami?
 - A. Cabbii
 - B. Aannan
 - C. Teessoo
 - D. Dhagaa

7. Wantootaa armaan gadii keessaa faalkaa gaasii kan qabu kami?
 - A. Qilleensa
 - B. Bishaan
 - C. Zayita
 - D. Ashaboo
8. Kanneen armaan gadii keessaa amaloota jajjaboo kan ta'e kami?
 - A. Salphaatti summuggama
 - B. Rukkina xiqqaa qaba
 - C. Salphaatti tamsa'a
 - D. Boca mataa isaa qaba
9. Dhangala'oo irratti hoo'i yoo dabalamu garamitti jijjiirama?
 - A. Gaasiitti
 - B. Tajjabootti
 - C. Hin jijjiiramu
 - D. Deebiin hin kennamne
10. Cabbiin firiiyii keessaa yommuu bahu garamitti jijjiirama?
 - A. Hurka bishaaniitti
 - B. Bishaan dhangala'ootti
 - C. Tajjabootti
 - D. Hin jijjiiramu

BOQONNAA 2

ARGAMA GODINA KEENYAA

2.1 ARGAMA GODINA KEENYAA

Gaaffii hubannoo

Godinni maali?

Godina jechuun kutaa bulchiinsaa aanaalee garagaraafi bulchiinsa magaalotaa kan ofkeessaa qabuudha. Oromiyaan Godinaalee 21fi bulchiinsa magaalotaa sadarkaa godinaa 19 qabdi.

Gaaffii hubannoo

Argamni maali?

Argama jechuun iddoo yookiin bakka wanti tokko itti argamuudha. Argamni karaa lamaan ibsama. Isaanis: Argama birqabaafi Argama dhugaati.

Argamni iddoo yookiin wanta tokkoo kallattiilee fayyadamuun ibsama. Kallaattileen ijoo afurtu jiru.

Isaanis: Kaaba, kibba, bahaafi dhihadha.

Gaaffii hubannoo

Kallattiilee akkamitti adda baafachuun danda'ama?

Kallattii iddoon tokko itti argamu adda baasuuf bahaafi lixa biiftuu fayyadamuun nidanda'ama.

Kallattiin biiftuun ganama ittiin baatu **Bahaa** jedhama.

Kallattii bahaa adda baafachuuf ganama yeroo biiftuun baatutti fuula keenyaan biiftuutti garagaluu qabna. Garri fuula keenyaan biiftuutti garagalle kun Baha jedhama. Kallattiin galgala biiftuun itti lixxu immoo kallattii lixaa jedhama.


Yeroo fuula keenyaan gara baha biiftuutti garagallu, garri harki keenya mirgaa kallattii kibbaa agarsiisa, harki bitaa immoo kallattii kaabaa mul'isa.



Fakkii 2.1 Kallattiilee ijoo Afran argama baha aduutiin

Faayidaan kallattii beekuu iddoo tokkoo kaanee garamitti akka deemnuufi wantoonni yookiin bakkeewwan eessatti akka argaman itti himuuf nugargaara.

Kaartaa irrattis iddoowwan eessatti akka argaman kallattiilee afraniin adda baasanii beekuun nidanda'ama. Kanas fakkii armaan gadii irraa ilaali.



Fakkii 2.2 Kallattiilee gurguddoo afran

Gocha 2.1

Fakkii 2.3 irratti Boonaan Abdii irraa gara kaabaatti argama. Fakkeenya kana irratti hundaa'uun gaaffilee armaan gadii deebisi.

1. Abdiin Boonaa irraa garamitti argama?
2. Caaltuun Daraartuu irraa garamitti argamti?
3. Daraartuun Caaltuu irraa garamitti argamti?



Fakkii 2.3 Argama kallattii barattootaa

2.2. Argama Bir-qabaa

Gaaffii hubannoo

Argamni bir-qabaa maali?

Argama bir-qabaa jechuun argama iddoo yookiin wanti tokko kan birootiin walbira qabamee ittiin ibsamuudha. Argamni bir-qabaa haala salphaa ta'een iddoon tokko eessatti akka argamu ibsuuf gargaara. Fakkeenyaaf, Magaalaan Finfinnee kaabaan magaalaa Sulultaa, bahaan magaalaa Laga Xaafuu Laga Daadhii, Lixaan magaalaa burraayyuutiin kibbaan magaalaa Galaaniin daangeffamtee argamti.

2.3. Argama Dhugaa

Argama dhugaa jechuun akkaataa argamni bakka tokkoo sararoota dagaleefi gadee fayyadamuun itti ibsamudha.

Sararoonni dagaleefi gadee sarara yaadaa ta'anii kaartaa yookiin giloobii irratti sararamanii argamu.

A. Sararoota dagalee

Sararoota kaartaa yookiin giloobii irratti bahaa gara dhihaa yookiin dhihaa gara bahaa sararamaniidha. Sararoonni dagalee sarara waltarree jedhamu.


Sararoonni dagalee kunniin fageenya mudhii lafaa irraa gara kaabaafi kibbaatti digriidhaan safaruuf fayyadu.

Safarrii sararoota dagalee kanaaf ka'umsi sarara mudhii lafaati. Sararri mudhii lafaa ka'umsa waan ta'eef kofti isaa digriidhaan zeeroo (0°) ta'a.

B. Sararoota gadee

Sararoonni gadee akkuma sararoota dagalee fageenya

digriidhaan safaruuf gargaaru. Sararoonni gadee fageenya sarara gadee jalqabaa irraa gara bahaafi dhihaatti fageenya digriidhaan safaru.



Fakkii 2.4 Fakkii sararoota dagaleefi gadee


Sararri Meeriidiyaanii Guddichaa (0°) ka'uumsa sararoota gadeeti. Safarriin meridiyaanii jalqabaa 0° ta'a.

Sararoonni gadeewwanii kaartaa yookiin giloobii irratti kaabaa gara kibbaa yookiin kibbaa gara kaabaatti sararamanii argamu.


Sararoonni dagaleefi gadee walitti qindoomanii argama iddoo tokkoo digriidhaan kallattiilee waliin agarsiisu.

Argamni haala kanaan ibsamu **argama dhugaa** jedhama.

Fakkii 1.6 ilaali.



Fakkii 2.5 Sarara muldhii lafaa (dagalee) fi meeriidiyaanii guddicha (gadee)
Fakkeenyaaf fakkii 1.6 irratti tuqaan A dagalee 10° kaabafi
gadee 10° baha irratti argama.
Sararoonni dagaleefi gadee kaartaa yookiin waraqaa diriiraa
irrattis digriidhaan ni ibsamu. Fakkii 1.6 armaan gadii ilaali
Argama B ibsi.



Fakkii 2.6 Kaartaa Qindoomina sararoota dagaleefi Sararoota gadee

2.4. Argama Bir-qabaa Godina Keenyaa

Godinni keenya godinaalee naannoo Oromiyaa keessatti argaman keessaa isa tokkoodha. Argama bir-qabaa godina keenyaa godinaalee ollaa jiran fayyadamnee ibsuu nidandeenya.

Fakkeenyaaf, kaartaa irratti argama bir-qabaa godina Shawaa bahaa akka armaan gadiitti ibsuun nidanda'ama.

Godinni Shawaa Bahaa:

- Godina Arsii irraa gara kaabaatti
- Godina Shawaa kaabaafi Godina addaa naannawa finfinnee irraa gara kibbaatti
- Godina Arsii lixaa irraa gara Kaabaatti
- Shawaa k/lixaa irraa gara bahaatti argama.

- Bulchiinsa naannoo Mootummaa Affaar irraa gara dhihaatti argamti.

Gocha 2.2

Kaartaa godinaalee naannoo Oromiyaa agarsiisu fayyadamuun gaaffilee armaan gadii irratti mari'achuun ibsa kennaa.

1. Godinaalee naannoo Oromiyaa keessaa kan godina keessan daangessan maqaa isaanii tarreessaa.
2. Kallattii bahaatiin godina kamtu godina keessan daangessa?
3. Kallattiilee afran fayyadamuun godinaalee ollaa godina keessan daangessan himaa.

2.5. Argama Dhugaa Godina Keenyaa

Argama dhugaa godina keenyaa sarara dagaleefi gadee fayyadamuun ibsuu nidanda'ma. Fakkeenyaaf kaartaa irratti magaalaan finfinnee argama dhugaatiin yoo ibsamtu dagalee 9° kaabaafi gadee 39° baha tti argamti.



Fakkii 2.7 Argama dhugaa magaalaa Finfinnee

Haaluma walfakkaatuun, kaartaa Oromiyaa irratti godnni Shawaa bahaa sarara dagalee 7°Ka - 9°Ka kafi sarara gadee 38°Ba - 40°Ba tti argamti.

Haaluma kanaan Kaartaa Oromiyaa dagaleewwaniifi gadeewwaniin kaafame irratti sararoota yaadaa dagaleefi gadeetti fayyadamuun argama dhugaa godina keenyaa ibsuun nidanda'ama.

2.6 Argama Bakkeewwan beekamoo Godina keenyaa

Godina keenya keessatti bakkeewwan beekamoo hedduun jiraachuu danda'u.

Bakkeewwan beekamoo kan jedhaman kanneen akka:

- gaarreenii
- laggeen
- bosona

- ardaalee jilaa
- iddoowwan hawwata tuurizimii
- harawwan beekamoo
- holqa beekamaa
- Masaraawwaniifi kanneen kana fakkaatan ta'uu danda'u.

Gabatee 2.1 Fakkeenya bakkeewwan beekamoo argama isaanii waliin

T.L	Bakkeewwan beekamoo	Argama isaanii
1	Masaraa Abbaa Jifaar	Magaalaa Jimmaa
2	Masaraa Kumsaa Morodaa	Magaalaa Naqamtee
3	Holqa Soofumar	Godina Baalee Bahaa
5	Gaara Tulluu diimtuu	Godina Baalee
6	Hara Arsadee	Magaala Bishooftuu
7	Gumii Gaayoo	Godina Booranaa
8	Mi'ee Bokkoo	Godina Gujii

Gocha 2.3

Gaffilee armaan gadiitiif deebii kenni.

1. Godina kee keessatti bakkeewwan beekamoo ta'an maatii kee gaaffachuun tarreessi.
2. Bakkeewwan beekamoo tarreessite kanneen godina kee keessatti bakka argama isaanii ibsi.

2.7 Argamaafi Maqaa Godinaalee Ollaa

Gaaffii hubannoo

Godinaalee ollaa godina keetitti argaman maqaa isaanii maatii gaaffachuun dareef ibsi.

Godinaaleen ollaa godina keetii kallattii garagaraatiin akka argaman kaartaa irratti ni agarsiifama.

Kallattii garagaraatiin godinaaleen biroo godina kee daangessan nijiru.

Gabatee 2.2 Maqaa Godinaalee Oromiyaa

T/L	Maqaa Godinaalee Oromiyaa		
1	Arsii	12	Shawaa Lixaa
2	Arsii Lixaa	13	Shawaa Kibba Lixaa
3	Baalee	14	Harargee Bahaa
4	Baalee Bahaa	15	Harargee Lixaa
5	Wallagga Bahaa	16	Boorana
6	Horro Guduruu Wallaggaa	17	Gujii
7	Qeellem Wallaggaa	18	Gujii Lixaa
8	Wallagga Lixaa	19	Iluu Abbaa Boor
9	Shawaa Bahaa	20	Bunnoo Baddallee
10	Shawaa Kaabaa	21	Jimmaa
11	Godina Addaa Oromiyaa Naannawa Finfinnee		

	Bulchiinsa Magaalotaa N/Oromiyaa Sadarkaa Godinaatti Waamaman		
1	Adaamaa	11	Jimma
2	Amboo	12	Laga xaafoo laga daadhii
3	Asallaa	13	Mojoo
4	Baatuu	14	Naqamtee
5	Bishaan gurracha	15	Roobe
6	Burraayyuu	16	Sabbataa
7	Bushooftuu	17	Shaashamannee
8	Dukam	18	Sulultaa
9	Galaan	19	Waliso
10	Hoolotaa		

Gocha 2.4

Godina ati keessa jiraattu kallattii afraniin godinaalee daangessan barreessuun dareef ibsi.

Cuunfaa Boqonichaa

- Argamni bakka wanti tokko itti argamuudha. Innis Argama birqabaafi Argama dhugaa jedhamuun ibsama.
- Kallattiin bakka wanti tokko wanta biraa irraa itti argamu nu agrsiisa. Kallattiileen hangaffotni Kaaba, Kibba, Bahaafi Dhiha/Lixa

Gilgaala Boqonnaa 2

I. Kan sirri ta'e Dhugaa kan sirrii hintaane Soba jechuun deebisi.

1. Mudhiin lafaa ka'umsa sararoota dagaleeti.
2. Argamni iddoon tokko eessa yookiin garami yaada jedhu ibsa.
3. Biiftuun kallattii kabaatiin baati.
4. kaartaa irratti sararoonni dagalee kaabaa gara kibbaatti sararamu.
5. Kallattii beekuun argama iddoo yookiin wanta tokkoo beekuuf gargaara.

II. Gaafilee armaan gadiitiif qubee deebii sirrii ta'e filachuun deebisi.

1. Jalqabni sarara dagalee maal jedhama?
A. Meeridiyaanii Guddicha C. Sarara gadee jalqabaa
B. Mudhii lafaa D. Hunda
2. Fuula keetiin gara baha biiftuutti yoo garagaltu duubni kee kallattii kam ta'a?
A. Kaaba C. Lixa
B. Kibba D. Hunda
3. Faayidaa kallattii adda baafatanii beekuu kan ta'e kami?
A. Argama iddoo beekuuf gargaara
B. Argama wantootaa ibsuuf gargaara
C. Hariiroo gaarii sochiilee namootaatiif gargaara
D. Hunda
4. Kallattiin biiftuun baatuun _____ jedhama.
A. Kibba B. Kaaba C. Baha D. Lixa

5. Dhugaa kan ta'e kami?
 - A. Kallattiileen ijoo lamatu jira.
 - B. Biiftuun kaabaan baatee dhihaan lixxi.
 - C. Kallattiileen ijoo afurtu jira.
 - D. Deebiin hinkennamne
6. Argama bir-qabaa ibsuuf kan akka ka'umsaatti gargaaru kami?
 - A. Gaara beekamoo
 - C. Hara beekamoo
 - B. Paarkiiwwan
 - D. Hunda
7. Hiikni argama bir-qabaa sirrii ta'e kami?
 - A. Wantoota walbira qabuun ibsama
 - B. Sararoota dagaleefi gadeetiin ibsama
 - C. Argama dhugaa jedhamuun beekama
 - D. Argama digriidhaan ibsamuudha.
8. Waa'ee sararoota gadee kamtu sirriidha?
 - A. Ka'umsi isaanii meeriidiyaanii guddicha
 - B. Ka'umsi isaanii sarara mudhii Lafaati
 - C. Bahaa gara lixaa sararamu
 - D. Lixaa gara bahaa sararamu

BOQONNAA 3

Naannoo Uumamaa

3.1 Qilleensa Baramaa Godina Keenyaa

Garaagarummaa Haala Qilleensaafi Qilleensa Baramaa

Gaaffilee Hubannoo

Garaagarummaan haala qilleensaafi qilleensa baramaa jidduu jiru maali?

Jijjiiramni qilleensaa yeroo gabaabaa keessatti ta'u haala qilleensaa jedhama. Fakkeenyaaf ganama aduu galgala immoo duumessa ta'uu danda'a.

Jijjiiramni haala qilleensaa kun daqiiqaadhaan, sa'aatiidhaan, guyyaadhaan, torbaniin, ji'ootaafi waggoota keessatti ta'uu danda'a.

Qilleensi baramaan haala qilleensa naannoo tokkoo kan yeroo dheeraa giddu galeessaan hamma waggoota soddonii shaniifi isaa olii keessatti irra deddeebiin haala dhaabbataa ta'een mul'atudha.

Ruqoolee Haala Qilleensaafi Qilleensa Baramaa

Gaaffii Hubannoo

Haalli qilleensaafi qilleensa baramaa iddoo tokkoo maaliin ibsama?

Haalli qilleensaafi qilleensi baramaan iddoo tokkoo teempireechara, jiidhinsa, dhiibbaa qilleensaa, bubbeefi kanneen kana fakkaataniin ibsamu.

Teempireechara

Gaaffii hubannoo

Teempireecharri maali?

Teempireecharri hamma ho'inaafi qorrina iddoo yookiin wanta tokkooti. Hammi hoo'insaafi qorrinsaa iddoo hundatti walfakkaataa miti. Yeroodhaa yerootti, waqtiidhaa waqtiitti akkasumas iddoodhaa iddootti garaagarummaa qabaata.

Teempireecharri meeshaa teermoomeetira jedhamuun safarama. Yuunitiin safara teempireecharaa digirii seentigireedii($^{\circ}\text{C}$) yookiin digirii faaranaayitii($^{\circ}\text{F}$) ta'a.

Jiidhinsa

Gaaffii hubannoo

Jiidhinsi maali?

Jiidhinsi bishaan bifa hurkaatiin qilleensa keessaatti argamudha. Hammi jiidhinsaa qilleensa keessatti kan olka'u yommuu bishaan galaanaa, garbaa, lagaafi hara irraa hoo'a aduutiin gara hurka bishaaniitti jijjiiramuun qilleensatti dabalamuudha.



Fakkii 3.1 Hurka bishaanii qaama bishaanii irraa

Garaagarummaa haala qilleensaa waqtiilee adda addaa keessatti Eegamu

Gaaffii hubannoo

Waqtiilee afran tarreessi.

Waqtiilee afurtu jiru. Isaanis: ganna, birraa, bonaafi arfaasaa jedhamu.

Waqtiilee adda addaa keessatti haalli qilleensaa gargar ta'a. Fakkeenyaaf, waqtii gannaa keessa iddoo baayyeetti duumessiifi roobni nibaay'ata. Waqtii bonaa keessa immoo iddoo baayyeetti roobni hinjiru. Kanaaf haalli qilleensaa irra caalaan hoo'aa ta'a. Waqtiilee arfaasaafi birraa hammi roobaa iddoo baayyeetti giddu galeessa waan ta'uuf haalli qilleensaa giddu galeessa ta'a.

Gocha 3.1

1. Akka godina keessaniitti haala teempireecharaa waqtiilee bonaafi gannaa irratti mari'achuun dareedhaaf dhiyeessaa.
2. Akka godina keessaniitti haala roobaa waqtiilee arfaasaafi birraa irratti mari'achuun dareedhaaf ibsaa.

Too'attoota Qilleensa Baramaa

Gaaffii hubannoo

Too'attoonni qilleensa baramaa maali?

Haalonni amala qilleensa iddoo tokkoo akka jijjiiramu taasisan too'attoota qilleensa baramaa jedhamu. Too'attoota qilleensa baramaa kanneen ta'an olka'insa lafaa, dagalee lafaafi kanneen kana fakkaatanidha.

Too'attoota kanneen keessaa akka naannoo keenyaatti irra caalaatti dhiibbaa guddaa kan fidu garaagarummaa olka'insa laafaati. Fakkeenyaaf, olka'insi lafaa dabalaa yoo adeemu hammi roobaa nidabala. Hammi teempireecharaa immoo hir'achaa adeema. Haala kana irratti hundaa'uun iddoowwan baddaa, badda dareefi gammoojjii fa'atti qoodamu.

Gocha 3.2

1. Akka godina keessaniitti garaagarummaa haala roobaa lafa baddaa, badda dareefi gammoojjii ibsaa.
2. Akka godina keessaniitti garaagarummaa haala teempireecharaa lafa baddaa, badda dareefi gammoojjii ibsaa.

3.2 Qabeenya Uumamaa

Hiika Qabeenya Uumamaafi Qabeenya Nam-tolchee

Gaaffii hubannoo

Qabeenya maali?

Qabeenya wantoota jireenya keenyaaf barbaachisaniidha. Qabeenya bakka gurguddaa lamatti qoodama. Isaanis: qabeenya uumamaafi qabeenya nam-tolcheeti.

Qabeenya Uumamaa

Gaaffii hubannoo

Qabeenya uumamaa maali?

Qabeenya uumamaa wantoota uumamaan naannoo keenyatti argamaniidha.

Qabeenya uumamaa kanneen akka qilleensaa, bishaan, ifa aduu, boba'aa, biqiltoota, bineeldota, biyyee, albudotaafi kanneen kana fakkaatanidha.



Fakkii 3.2 Qabeenya Uumamaa muraasa

Qabeenya Nam-tolchee

Gaaffii hubannoo

Qabeenyi nam-tolchee maali?

Qabeenyi nam-tolchee qabeenya dhala namaatiin hojjetamaniidha. Fakkeenya qabeenya nam-tolchee kan ta'an kan akka mana jireenyaa, meeshaalee mana keessaa, maashinoota, konkolaattota, baabura, xiyaara, dooniifi kanneen kana fakkaatan fa'a.



Konkolaataa



meeshaalee faayaa



Mana



Televizyiinii



Mobaayila

Fakkii 3.3 Qabeenya Nam-tolchee muraasa

Gocha 3.3

Gaaffilee armaan gadii irratti mari'achuun daree keessaniif gabaasaa.

1. Qabeenya uumamaa godina keessanitti argaman maal fa'a?
2. Qabeenya nam-tolchee godina keessanitti argaman maal fa'a?

Qabeenya Uumamaa:Albuudotaafi Bineensota

Gaaffii hubannoo

Albuudotaafi bineensota godina keessanitti argaman tarreessi.

Albuudonniifi bineensonni qabeenya uumamaa keessaa isaan tokkodha. Albuudonni qabeenya uumamaan lafa keessatti argamaniidha. Isaanis kanneen akka warqee, siilvarii, ayiranii, diyaamandii, dhagaa cilee, salfariifi kanneen kana fakkaatan fa'a.

Bineensonni uumamaan iddoo adda addaatti madaqanii jiraataniidha. Bineensonni iddoowwan kanneen akka bosonaa, lafa bishaanii, paarkiifi kanneen kana fakkaataniitti madaquun jiraatu. Bineensonni jireenya isaanitiif wantoota isaan barbaachisan kanneen akka nyaataa, iddoo jireenyaa, bishaaniifi wantoota biroo ofii isaanitiif barbaaddatu.

Faayidaafi Sona Qabeenya Uumamaa Godina Keenyaa

Qabeenyi uumamaa faayidaalee akka nyaataa, boba'aafi meeshaalee adda addaa irraa hojjachuuf oolu. Nyaanni namootaa biqiltoota yookiin bineeldota irraa argama. Qabeenyi uumamaa kan akka dhagaa cilee, gaasii uumamaa madda anniisaa ho'aafi ifaaf oolu. Kanaafuu, qabeenya uumamaa kunuunsuun barbaachisaadha.

Kunuunsi qabeenya uumamaaf godhamu qabeenyi akka hinmiidhamne yookiin hinmancaaneefi yeroo dheeraaf akka tajaajilaniif gargaaru. Qabeenya uumamaa kunuunsuun sonawwan adda addaa qaba. Isaanis:

- sona diinagdee,
- sona bashannanaa,
- sona qo'annoo,
- sona midhaginaafi
- sona aadaa fa'a.

Gocha 3.4

1. Bineensonni godina keessanitti argaman maal fa'a?
2. Albuudota godina keessan keessatti argaman tarreessi.
3. Sonawwan qabeenya uumamaa godina keessanii tarreessi.

3.3 Barbaachisummaa Qabeenya Uumamaa

Gaaffilee hunannoo

Qabeenyi uumamaa maaliif barbaachisa?

Gumaachi qabeenyi uumamaa misooma godina keenyaaf qabu maali?

Qabeenyi uumamaa jireenya lubbu-qabeeyyiitiif barbaachisaadha. Qabeenya uumamaa kanneen akka biyyee, bishaan, bosonaafi kanneen kana fakkaatan kunuunsuufi seeraan itti fayyadamuun jiruufi jireenya dhala namaa fooyyessuuf gargaara.

Qabeenyi uumamaa faayidaalee adda addaatiif ooluu danda'u. Isaanis:

- madda galiif
- madda anniisaaf
- qulqullina bishaaniifi qilleensa naannoof
- madda nyaataaf
- iddoo jireenya lubbu qabeeyyiif
- gabbinaafi kununsa biyyeetiif

Sababootaafi Dhiibbaa Manca'insa Qabeenya Uumamaa

Gaaffii hubannoo

Manca'insa qabeenya uumamaa jechuun maal jechuudha?

Manca'insa qabeenya uumamaa jechuun sababa eegumsa, kunuunsa dhabuufi seeraan ala itti fayyadamuun miidhaa qabeenya uumamaa irra gahu jechuudha.

Gaaffii hubannoo

Sababoonni manca'ina qabeenya uumamaa maali?

Manca'insa qabeenya uumamaatiif sababa kanneen ta'an:

- baay'ina ummataafi babal'ina magaalotaa
- ofeeggannoon itti fayyadamuu dhabuu
- bosona ciruufi gubuu
- guddinafi babal`ina industirii
- harama biyyeefi kanneen kana fakkaatanidha.



Fakkii 3.4 Bosona cirameefi xuraawaa magaalaa keessaa bahe

Gaaffii hubannoo

Dhiibbaawwan sababa manca'insa qabeenya uumamaatiin dhufuu danda'an maal fa'a?

Dhiibbaawwan sababa manca'insa qabeenya uumamaatiin dhufuu danda'an: rakkoo fayyaa, beela, rakkoo diinagdeefi kanneen kana fakkaatanidha.

Qabeenya Uumamaa Eeguufi Kunuunsuu

Gaaffii hubannoo

Qabeenya uumamaa haala kamiin kunuunsuu dandeenya?

Kunuunsa Biyyee

Gaaffii hubannoo

Biyyeen tooftaalee akkamiitiin kunuunfama?

Biyyee tooftaalee armaan gadiitiin kunuunsuun ni danda'ama. Isaanis:

- dalga qotuun
- biqiltoota dhaabuun
- daagaa ijaaruun
- lafa qonnaa irratti haftee biqiltoota gubuu dhiisuun
- Lafa margaa garmalee dheechisuu dhiisuufi kanneen kana fakkaatanidha.



Fakkii 3.4 Lafa daagaa ijaarameefi dalga qotame

Gocha 3.5

Haala eegumsaafi kunuunsa biyyee naannoo keetii maatii gaafachuun dareef gabaasi.

Kunuunsa Bishaanii

Gaaffii hubannoo

Tooftaalee kunuunsa bishaanii kan beektu himi.

Bishaan kunuunsuuf tooftaalee armaan gadii fayyadamuun nidanda'ama. Isaanis:

- biqiltoota dhaabuu,
- bishaan roobaa kuusuun fayyadamuu,
- balfa bishaanitti gatuu dhiisuu,
- bishaan qusannaan itti fayyadamuufi kanneen kana fakkaatanidha.



Fakk 3.5 Biqiltuu dhaabuufi bishaan roobaa kuusuu

Kunuunsa Bosonaa

Gaaffii hubannoo

Bosonni akkamitti kunuunfama?

Bosona karaa adda addaatiin kunuunsuun nidanda'ama. Isaanis:

- bosonaaf eegumsa taasisuu,
- hubannaa hawaasaa cimsuu,
- mukkeen dhaabuu,
- seera sirna gadaatiin labsame hojiirra oolchuu,
- lafa mukni irraa murame bakka buusuun dhaabuufi kanneen kana fakkaatanidha.

Qabeenya uumamaa eeguufi kunuunsuun maaliif barbaachisa?

Qabeenya uumamaa eeguufi kunuunsuun faayidaalee adda addaa qaba. Kanneen keessaa gurguddoon:

- madaala uumamaa eeguuf,
- itti fufiinsa jireenya lubbu-qabeeyyitiif,
- dhaloota gara fuulduraatiif akka darbu taasisuufi
- itti fufiinsaan fayyadamuuf gargaara.

3.4. Balfa Dhabamsiisuu

Gaaffii hubannoo

Mana barnootaa kee keessatti balfi akkamitti dhabamsiifama?

Balfi jajjaboowwan yookiin dhangala'oowwan ta'uu danda'u. Xuraawaan naannoo keenya faaluu danda'an iddoo garaa garaatii bahuu danda'u. Isaan keessaa gurguddoon:

- mana jireenyaa,
- iddoo gabaa,
- magaalaa,
- warshaalee ta'uu danda'u.



Fakkii 3.6 Balfa iddoo garaa garaatii bahan

Rakkooleen ijoo yeroo ammaa naannoo keenyatti mudachaa jiran keessaa tokko balfa karaa sirrii hin taaneen gatuudha. Rakkoo kana furuuf karaa sirrii ta'een balfa dhabamsiisuun barbaachisaadha. Kanaafuu gochaawwan gaggaarii armaan gadii balfi itti dhabasiifamu fayyadamuun nidanda'ama.

Isaanis:

- iddoo balfi adda addaa itti gatamuu qabu qopheessuun itti fayyadamuu.
- hafteewwan biqiltootaa akka koompoostitti fayyadamuu,
- pilaastikootaafi waraqaa cicciraman tajaajila biroottiif

oolchuu.

- xuraawaa iddoo adda addaatii bahu sirnaan dhabamsiisuu.
- irra deebiin fayyadamuufi kanneen kana fakkaataniidha.



Balfa adda baasaanii kuusuu



Pilaastikoota gataman tajaajila birootiif oolchuu



Balfa gataman akka koompoostitti fayyadamuu

Fakkii 3.7 Balfa tajaajila adda addaatiif oolchuu

Gocha 3.6

Wantoota naannoo faaluu danda'an keessaa kanneen irra deebiin fayyaduu danda'anfi kanneen tajaajila birootiif ooluu danda'an ibsi.

3.5 Dhiibbaa Balfa Karaa Sirrii Hintaneen Dhabamsiisuu

Karaa sirrii hintaneen balfa dhabamsiisuun naannoo faaluun fayyaa lubbu-qabeeyyii irratti dhiibbaa fida. Balfi gatamu biyyee, bishaanfi qilleensa faaluun naannoo irratti dhiibbaa dhaqqabsiisa.

Balfi karaa sirrii hin taaneen gatamuun fayyaa namaa irratti rakkoowwan armaan gadii fiduu danda'a.

- Dhukkuboota garaa garaa,
- Rakkoo guddinaafi dagaagina qaamaa,
- Rakkoo sirna hargansuufi kanneen kana fakkaatan fa'a.



Fakkii 3.8 Dhiibbaa balfa mana jireenyaatii gatamuufi warshaalee keessaa bahuun dhufu

Haaluma walfakkaatuun, lubbu-qabeeyyii bishaan keessa jiraatan irrattis miidhaa geessisuu danda'a.



Fakkii 3.9 Balfa Bishaan keessatti gatame

Karaa sirrii hintaaneen balfa dhabamsiisudhaan rakkoolee dhufuu danda'an hambisuuf qulqullina naannoo keenyaa eeguun barbaachisaadha.

Gaaffiilee hubannoo

Faayidaalee qulqullina naannoo eeguun qabu tarreessi.

Qulqullina naannoo eeguun faayidaalee hedduu qaba. Isaan keessaa muraasni:

- dhibee adda addaa irraa bilisa nama taasisa,
- jireenyi lubbu-qabeeyyii akka hinjeeqamne taasisa,
- oomisha dabaluuf gargaara,
- baasii yaalaaf bahu hambisa,
- miidhaginaafi mijaa'ina naannoof

Cuunfaa Boqonichaa

- Haalli qilleensaa yeroo gabaabaa keessatti uumamu qilleensa jijjiiramaa jedhama.
- Qilleensi yeroo dheeraaf osoo hin jijjiiramin turu qilleensa baramaa jedhama.
- Hammi ho`ina yookiin qorrina waan tokkoo Teempireechara jedhama.
- Waqtiileen afran: ganna, birraa, bonafi afraasaadha.
- Qabeenyi eddoo lamatti goodama. Isaanis: qabeenya uumamaafi kan namtolcheedha.

Gilgaala Boqonnaa 3

I. Kan sirri ta'e Dhugaa kan sirrii hintaane Soba jechuun deebisi

1. Teempireecharri hoo'inaafi qorrina wantootaati.
2. Jiidhinsi ruqoolee haala qilleensaa keessaa isa tokko.
3. Olka'insi lafaafi dagaleen lafaa too'attoota qilleensa baramaati.
4. Bineeldonni qabeenya uumamaati.
5. Dhagaan cilee albuuda qabeenya nam-tolcheedha.

II. Gaafilee armaan gadiitiif qubee deebii sirrii ta'e filachuun deebisi.

6. Jijjiiramni qilleensaa yeroodha gara yerootti, guyyaadhaa gara guyyaatti ta'u _____ jedhama.
A. Haala qilleensaa
B. Qilleensa baramaa
C. Teempireechara
D. Buubbee

7. Haalli qilleensa naannoo tokko kan yeroo dheeraa keessatti ta'u _____ jedhama.
 - A. Buubbee
 - B. Haala qilleensaa
 - C. Qilleensa baramaa
 - D. Teempireechara
8. Kanneen armaan gadii keessaa gocha gaarii balfi ittiin dhabamsiifamu kan ta'e kami?
 - A. Waraqaa cicciranii gatuu
 - B. Balfa tortoruu danda'u akka koompoostitti fayyadamuu
 - C. Pilaastikoota garaa garaa maasaa qonnaa keessatti gatuu
 - D. Meeshaalee elektirooniksii caccaban alatti gatuu
9. Karaaleen balfi ittiin hir'achuu danda'u kami?
 - A. Wantoota gataman irra deebiin fayyadamuu
 - B. Xuraawaa iddoo garaa garaatii bahu walitti qabuu
 - C. Wantoota balfa ta'uu danda'an xiqqeessuu
 - D. Hunduu deebii ta'u
10. Balfa karaa sirrii hintaaneen dhabamsiisuun dhiibbaa akkamii fiduu danda'a?
 - A. Fayya lubbu qabeeyyii miidha
 - B. Faalama bishaanii fida
 - C. Faalama biyyee fida
 - D. Hunduu deebii ta'u

BOQONNAA 4

NAANNOO HAWAASUMMAA

4.1 Heddummina Aadaa

Gaaffiilee hubannoo

Aadaan maali?

Aadaan maaliin ibsama?

Aadaan ibsituu eenyummaa saba tokkooti. Muuxannoo bara dheeraa keessatti argamuufi dhalootaa dhalootaattii darbuudha. Aadaan walitti qabama muuxannoo bara dheeraati.

Hawaasni naannoo adda addaa keessa waan jiraatuuf muuxannoon qabu hundi tokko ta'uu hin danda'u. Kunis haalli jireenya namootaa garaagarummaa akka qabaatu taasisa. Garaagarummaan kunis hedduumina aadaa akka jiraatu taasisa.

Hawaasa keessatti aadaan haala adda addaatiin ibsama. Ibsitoonni aadaa hawassaa kunis:

- aadaa uffannaa,
- aadaa nyaataa,
- aadaa araaraa,
- aadaa waaqeffannaa,

- aadaa gammachuufi gadda ittiin ibsataniifi kanneen kana fakkaatan ta'uu danda'u.

Aadaa Uffannaa

Gaaffii hubannoo

Aadaa uffannaa naannoo keetii irratti hiriyyaa waliin mari'achuun dareef ibsi.

Hawaasni Oromoo yeroo qophiiwwaniifi jila adda addaa akkasumas akkaataa jireenya issaa waliin kan ittiin miidhaguufi faayamu uffannaa aadaa qaba. Aadaa uffannaa hawaasa Oromoo muraasa fakkii armaan gadiitiin ilaali.



Fakkii 4.1 Uffannaa aadaa oromoo

Gocha 4.1

Gochaalee aadaa godina kee keessatti raawwataman manguddoota gaafachuun daree keetiif dhiheessi.

Aadaa Nyaataa

Gaaffii hubannoo

Nyaata aadaa godina keetitti beekamoo ta'an tarreessi.

Aadaan hawwasaa kan ittiin ibsamu keessa inni kan biroo nyaata. Akaakuun nyaataafi akkaataan itti qopha'uu aadaa hawaasaa ni ibsa. Akkuma aadaa uffannaa aadaan nyaataa hawaasa keessatti garaagarummaa qabaata. Kunis heddummina aadaa hawaasaa agarsiisa.

Nyaata aadaa oromoo godinaalee garagaraa muraasa fakkii armaan gadii irratti ilaali.





Fakkii 4.2 Nyaata aadaa godinaalee Oromiyaa muraasa

Gocha 4.2

Akaakuuwwan nyaata aadaa godina keetii maatii gaafachuun dareef dhiheessi.

Aadaa araaraa

Gaaffii hubannoo

Aadaan araaraa maali?

Ummanni Oromoo aadaa waliin jereenyaa boonsaa ta'e qaba. Waldhabiinsi yommuu uumamu akkaataa itti furatu qaba. Akkaataan waldhabiinsa uumamu ittiin furamu araara jedhama. Araarri mariifi jaarsummaadhaan karaa nagahaatiin rakkoo furuu dandeessisa.



Fakkii 4.3 Aadaa sirna araaraa agarsiisu

Gocha 4.3

Barattoonni gareetti qoodamuun naannoo keessanitti akkaataa waldhabdeen ittiin hiikamu gahee taphachuun agarsiisaa.

Aadaa qabeenya uumamaa eeguufi kunuunsuu

Gaaffii hubannoo

Aadaa beekamoo kunuunsa naannoo godina keetii ibsi.

Hawaasni Oromoo aadaa qabeenya uumamaa ittiin eeguufi kunuunsu qaba. Sirna gadaa keessatti qabeenya uumamaaf kunuunsi godhamuu qabu tumamee jira.

Fakkeenyaaf,

- Muka qajeelaa guddachaa jiru muruun dhoorkaadha.
- Muka gaaddisa ta'uun tajaajilu muruun dhoorkaadha.
- Muka akka mallattootti tajaajilu muruun dhoorkaadha.

Gocha 4.4

Hawaasni godina keessanii qabeenya uumamaa akkamitti akka kunuunsan maatii kee gaafachuun dareef dhiheessi.

4.2 Sochiilee Diinagdee Godina Keenyaa

Gaaffii hubannoo

Haawaasni godina keetii maal fa'a hojjechuun jiraatu?

Sochiin diinagdee adeemsa oomisha oomishuu, raabsuu, tajaajila kennuu fa'a ofkeessatti haammata. Godinaalee Oromiyaa keessatti sochiilee diinagdee adda addaattu gaggeeffama. Godina tokko keessattis sochii diinagdee garagaraa jiraachuu danda'a.

Sochiileen diinagdee kunniinis kan akka hojii qonna, horsiisa qurxummii, daldala, tajaajila hoteelaa, geejjiba, tuurizimii, industiriifi kanneen kana fakkaataniidha.

Fakkeenya akaakuuwwan sochii diinagdee fakkii armaan gadiitiin ilaali.



Tajaajila hoteelaa



Hojii qonnaa (haamaa)



uffata dhahuu



hojii sibiilaa

Fakkii 4.4 Sochiilee diinagdee garagaraa

Sochiilee diinagdee keessaa inni tokko hojii daldalaati. Daldallii bittaaafi gurgurtaan ofkeessatti hammata. Iddoon bittaaafi gurgurtaan itti raawwataman keessaa tokko gabaadha.



Fakkii 4.5 Gabaa

Sochiilee diinagdee godina keenyaa keessaa inni biroo geejjiba. Geejjibni meeshaaleefi namoota iddoo tokkoo gara birootti deddeebisuuf gargaara.

Gaaffii hubannoo

Naannoo keetti namoonni iddoo tokkoo gara birootti sochii taasisuuf maal fa'a fayyadamu?

Akaakuuwwan geejjibaa kan aadaafi ammayyaa ta'uu danda'u.



Fakkii 4.6 Geejjiboota aadaa



Fakkii 4.7 Geejjiboota ammayyaa

Gocha 4.5

1. Akaakuuwwan geejjiba aadaa godina kee keessa jiran tareessi.
2. Akaakuuwwan geejjibaa naannoo keetti namootaafi meeshaalee deddeebisuuf tajaajilan himi.
3. Qabeenya uumamaa naannoo keetii gabaaf dhihaatan maatii kee gaafachuun dareef gabaasi.

Sochiileen diinagdee guddina biyyaaf faayidaa guddaa qabu. Gama birootiin immoo qabeenya uumamaa irratti miidhaa qabaachuu danda'u. Fakkeenyaaf:

- lafa qonnaa babal'ifachuuf bosona ciruufi gubuu
- balfiifi aarri warshaalee keessaa bahan naannoo faaluu
- aarri konkolaattota keessaa gadi lakkifamu qilleensa faaluu
- iddoon jireenya lubbu-qabeeyyii jeeqamuu
- haalli qilleensaa jijjiiramuufi kanneen kana fakkaatan.



Fakkii 4.8 Bosona gubachaa jiruufi aara warshaalee

Gocha 4.6

Sababa sochiilee diinagdeetiin miidhaa qabeenya uumamaa naannoo keessan irra gahe waliif ibsaa.

Cuunfaa Boqonichaa

- Aadaan ibsituu eenyummaa saba tokkooti.
- Adaan karaa uffannaatiin, nyaataan, araaraan, gaddaafi gammachuun ibsamuu danda'a.
- Sochiin diinagdee adeemsa oomisha oomishuu, raabsuu, tajaajila kennuu fa'a haammata.
- Sochiileen diinagdee kunis qonna, horsiisa qurxummii, daldala, tajaajila hoteelaa, geejjiba, tuurizimiifi kanneen kana fakkaataniidha

Gilgaala Boqonnaa 4

I. Kan sirrii tae Dhugaa kan sirrii hintaane soba jechuun deebisi.

1. Qabeenya naannoo keenyaa kan uumamaafi nam-tolchee ta'uu danda'u.
2. Ibsituuwwan aadaa keessa tokko haala uffannaati.
3. Sochiilee diinagdee keessaa inni tokko qonna.
4. Aadaan ibsituu eenyummaa saba tokkooti.

5. Aadaan hawaasa tokkoo haala uffannaatiin ibsamuu danda'a.

II. Gaafilee armaan gadiitiif qubee deebii sirrii ta'e filachuun deebisi.

6. Aadaan hawaasa tokkoo maaliin ibsama.
- | | |
|-------------|-----------------|
| A. Uffannaa | C. Waageffannaa |
| B. Nyaata | D. Hunda |
7. Sochiilee dinagdee keessatti bakki bittaafii gurgurtaan itti rawwatamu maal jedhama?
- | | |
|------------|------------|
| A. Daldala | C. Gabaa |
| B. Qonna | D. Warshaa |
8. Aadaa naannoo kunuunsuu kan ta'e kami?
- | |
|-----------------------|
| A. Daagaa ijaaruu |
| B. Dagalee qotuu |
| C. Biqiltoota dhaabuu |
| D. Hunda |
9. Sochiilee diinagdee hawaasni keenya bal'inaan keessatti hirmaatan isa kami?
- | |
|-----------------|
| A. Industirii |
| B. Qonna |
| C. Tuurizimii |
| D. Teeknoolojii |
10. Qabeenya uumamaa kan ta'e isa kami?
- | | |
|--------------|-----------|
| A. Qilleensa | C. Bosona |
| B. Bishaan | D. Hunda |

BOQONNAA 5

Dhimmoota Ijoo Xiyyoofannoo Barbaadan

5.1 Of-eeggannoo Daandii Irraa

Gaaffii hubannoo

1. Daandii konkolaataa irra yeroo deemnu ofeeggannoo akkamii gochuu qabna?
2. Dambiiwwan tiraafikii kabajamuu qaban maal fa'a?

Of-eeggannoon daandii irra yommuu deeman balaawwan akka konkolaataa fa'a namatti dhufuu danda'u irraa ofeeguu jechuudha.

Daandii irratti balaan tiraafikaa karaa adda addaatiin mudachuu danda'a. Isaanis:

- Yommuu karaa qaxxaamuran bitaafi mirga ilaalu dhabuu,
- Konkolachisaan of-eeggannoo gochuu dhabuu,
- Loon too'annaa malee daandii konkolaataarra socho'uu,
- Roobni cimaan yommuu roobu lolaan akka tasaa uumamuufi kanneen kana fakkaatanidha.

Sababoota armaan olii kanarraa ka'uun balaawwan armaan gadii uumamuu danda'u. Isaanis:

- Lubbuun namaa bahuu
- Qabeenyi barbadaa'uu
- Beelladoota irra miidhaan gahuu
- Miidhama qaamaa mudachuufi kanneen kana fakkaataniidha.



Fakkii 5.1 Balaa konkolaataa

Gaaffii hubannoo

Balaa tiraafikaa daandii irratti nama qunnamuu danda'u haala kamiin ittisuun danda'ama?

Balaawwan daandiiirraa karaa adda addaatiin ittisuun ni danda'ama. Isaanis:

- yommuu daandirra deemamu bitaafi mirga ilaallachuun ofeeggannoon deemuu,
- karaa yommuu qaxxaamuran yaadaan gara biraa deemuu dhiisuu
- daandii irrattiifi qarqara daandii irratti taphachuu dhiisuu
- danbiiwwan tiraafikii hubachuun hojiirra oolchuu

- Yeroo daandii irra miilaan deeman qargara bitaa qabatanii deemu.
- Karaa konkolaataa yemmuu qaxxaamuran mallattoo Zeebraa irra qaxxaamuruufi ibsaa tiraafikii sirriitti hubachuu



Fakkii 5.2 Karaa Zeebraa Qaxxaamuruu

Gocha 5.1

1. Sababoota balaawwan beekamoo karaa irratti nama mudatan afur himi.
2. Seera tiraafikii eeguun karaa irra socho'uu irratti of-eeggannoo maalii gochuu qabna?
3. Yeroo karaa konkolaataa (cinaa) irra deemu kallattii kamiin deemu qabda?

5.2. HIV/AIDS

Gaaffii hubannoo

HIV'n maali? AIDS'n hoo?

Vaayirasiin HIV'n seelota dhiiga namaa faaluun miidhaa geessisu. Seelonni dhiigaa qaama keenya irraa dhukkuboota

ittisu. Seelonni kunniin yoo miidhaman qaamni keenya dhukkuboota adda addaa ofirraa ittisuu hindanda'u.

HIV'n dandeettii dhukkuba ofirraa ittisuu qaama keenyaa akka hir'atu taasisa.

Dandeettiin dhukkuba ofirraa ittisuu qaamaa yoo hir'ate dhukkuboota adda addaaf nama saaxila.

AIDS'n dhukkuba sababa vaayirasii HIV'n dhufuudha. AIDS'n dhukkuba hanga har'aatti qoricha hinarganneedha. Kanaafuu, namni dhukkuba AIDS'n qabame fayyuu hindanda'u. Haata'u malee, qorichi dhukkuba dandamachuu nama dandeessisu mana yaalaatti ni kennama.

Dhukkubni AIDS nama vaayirasii HIV'n faalame irraa karaalee adda addaatiin gara nama fayyaatti daddarbuu danda'a. Isaanis:

- tuttuqqaa dhiigaa
- meeshaalee qara qaban kan akka lilmoofi haadduu fa'a waliin fayyadamuun.
- Haadharraa gara daa` imaa:
 - ✓ Da` umsa duraafi
 - ✓ Yeroo da` umsaa

Vaayirasiin HIV harka walqabachuun, waliin taphachuun, waliin barachuun, qophii adda addaa irratti waliin hirmaachuun, waliin nyaachuufi kanneen kana fakkaataniin daddarbuu hindanda'u.

Gocha 5.2

1. Garaagarummaa HIV fi AIDS gidduu jiru ibsi.
2. Namoonni vaayirasiin HIV dhiiga isaanii keessa jiru umuriin isaanii akka dheeratu maal gochuu qabu?
3. Karaalee HIV'n ittiin daddarban tarreessi.

Mallattoolee dhukkuba AIDS

Namoonni dhukkuba AIDS'n qabaman mallattoolee akkamii agarsiisu?

Namoonni vaayirasii HIV'n faalaman fayyaa fakkaatanii mallattoolee dhukkuba AIDS osoo hinagarsiisin vaayirasii HIV daddabarsuu danda'u. Namoonni akkanaa dhukkuba kanaan qabamuu isaanii qorannoo dhiigaa taasisuun beekamuu danda'u.

Namoonni erga vaayirasii HIV'n faalamani booda mallattoolee armaan gadii agarsiisuu danda'u. Isaanis:

- ho'i qaamaa irra deddeebiin dabaluu,
- dhukkubbii mataa yeroo dheeraa nama irra turuu,
- qufaan yeroo dheeraaf turuu,
- ulfaatinni qaamaa saffisaan hir'achuu,
- dadhabbiin itti dhagahamuu yookiin humna dhabuu,
- garaa kaasaa,
- madaa'uu afaan keessaafi kanneen kana fakkaatan fa'a.

Maloota ittisa HIV/EIDS

- Meeshaalee gara qaban waliin fayyadamuu dhiisuu
- Dhiiga hin qoratamne waliif kennuu dhiisuu
- Walqunnamtii saalaa daangaa hin qabne irraa of qusachuufi kan kana fakkaatan.

Gilgaala Boqonnaa 5

I. Kan sirrii ta'e Dhugaa kan sirrii hintaane soba jechuun deebisi.

1. Namoonni miilaan deeman daandii irra cinaa karaa bitaa isaanii qabatanii deemuu qabu.
2. Daandii qaxxaamuruuf iddoo mallattoon zeebraa jiru fayyadamuun barbaachisaadha.
3. HIV/AIDS'n dhibee abaarsaan dhufuudha.
4. HIV/AIDS'n waliin taphachuun nidaddarba.
5. Namoota dhibee HIV/AIDS'n qabaman waliin meeshaa qara qabu waliin fayyadamuun rakkoo hin qabu.

II. Gaafilee armaan gadiitiif qubee deebii sirrii ta'e filachuun deebisi.

6. Namoonni vaayirasii HIV'n faalaman mallattoolee akkamii agarsiisuu danda'u.
 - A. ho'i qaamaa irra deddeebiin dabaluu.
 - B. qufaan yeroo dheeraaf turuu.
 - C. ulfaatinni qaamaa saffisaan hir'achuu.
 - D. Hunduma
7. Dhukkubni AIDS nama vaayirasii HIV'n faalame irraa karaalee kamiin daddarbuu danda'a.
 - A. Karaa waliin deemuun
 - B. tuttuqqaa dhiigaa
 - C. waliin taphachuu
 - D. waliin barachuu

8. Sababa balaa tiraafikaatiin miidhaa akkamiitu dhaqqaba?

- A. Lubbuun namaa bahuu
- B. Qabeenyi barbadaa'uu
- C. Beelladoota irra miidhaan gahuu
- D. Hunda